EDMONTON PUBLIC SCHOOLS

BOARD OF TRUSTEES
WARD A Sherri O'Keefe
WARD B Marsha Nelson
WARD C Marcia Hole
WARD D Trisha Estabrooks
WARD E Dawn Hancock
WARD F Julie Kusiek
WARD G Saadiq Sumar
WARD H Nathan Ip
WARD I Jan Sawyer

SUPERINTENDENT OF SCHOOLS
Darrel Robertson

Centre for Education
1 Kingsway NW
Edmonton AB T5H 4G9
T 780-429-8000
F 780-429-8318
E info@epsb.ca

October 24, 2022

Kabajamoo maatii, guddisee fi firootaa,

Birraa kana, Manneen Barnootaa Hawaasaa Edimantan adda addummaa barattoota tajaajilaa jirruu caalaatti hubachuudhaaf hojiitti galaa jirra. Odeeffannoon kunis mana barumsaa barattootaaf simataa ta'ee fi bakka nageenyi isaa eegame taasisuuf tarkaanfilee keenya beeksisuuf kan gargaarudha. Torbeewwan dhufan keessa barattoonni Kutaa 4 hanga 12 jiran **sakatta'insa diimoogiraafii barattoota irratti godhamu** irratti hirmaachuuf carraa ni argatu.

Barattoonni hirmaatanis bifa dhuunfummaan isaanii eegameen wayitii barnootaatti sakatta'insicha kan xumuran yommuu ta'u, wayita barbaachisetti barattoota gargaaruudhaaf hojjettoonni mana barumsaa kan argaman ta'a. Gaaffileen sakatta'insaaf dhiyaatan hunduu fedhii irratti hundaa'uun kan deebifaman ta'u, kana jechuunis daa'imni keessan gaaffilee deebisuudhaaf itti tolan duwwaa deebisuu danda'u.

**Sakatta'insi Diimogiraafii Barattoota Irratti Godhamu Maalidhaa?**
Birraa bara 2021 keessa Manneen Barnootaa Hawaasaa Edimantan sanyummaa Divizyinicha keessatti mullatuuf furmaata kennuuf fi walqixxummaan akka dhufuuf tarkaanfii fudhachuuf Anti-racism and Equity Action Plan (Karoora Tarkaanfii Ittisa Sanyummaa fi Walqixxummaa) ifoomseera. Karoorichi bakkeewwan ijoo sadii irratti kan ijaaramedha Bakkeewwan kunneenis muuxannoo jireenya barattootaa, hojjettootaa, firootaa fi yaada murtoo Koree Gorsa Walqixxummaa 2020-2021 irra argame erga dhaggeeffatameen booda kan qopha'anidha. Bakkeewwan ijoo sadan kaarooricha keessatti adda baafaman keessaa tokko daataa diimogiraafii dabalataa funaanuudhaan waa'ee barattootaa caalaatti baruun tarkaanfilee jijjiirama gaarii fiduu danda'an beeksisuufidha.

Sakatta'insicha irrattis, barattoonni odeeffaannoo waayee kanneenii akka qoodaniif ni affeeramu:

- Eenyummaa ganamaa
- Eenyummaa sanyummaa
- Gosummaa
- Hariiroo amantii yookaan hafuuraa
- Eenyummaa koorniyaa
- Fedha saalaa *(Kutaa 7-12 qofaaf)*

**Diviizyinichi odeeffannoo kana maaliif gaafataa?**
Daataan sakatta'insa diimogiraafii barattoota irratti godhamu irraa argamu garaagarummaa barattootaa caalaatti akka hubannuuf nu gargaara. Daataan kunis daataa kan biroo Diviizyinichi bira jiran wajjiin kan xiinxalamu ta'a. Odeeffannoon kun Manneen Barnootaa Hawaasaa Edimantan muuxannoo barattoonni garee adda addaa keessaa dhufan mana barumsaa keessatti qabaatan caalaatti akka hubataniif fi milkaa'ina barattootaa deeggaruuf tarkaanfilee fudhataman beeksisuuf kan gargaarudha.

Cuunfaan argannoowwan jalqabaa fi agarsiistuuwwan sakatta'insa  diimogiraafii kanarraa argaman hawaasaaf kan qoodaman ta'a. Odeeffannoon kunis manneen barnootaa fi barattoota dhuunfaatti adda baasee kan ibsu hin ta'u.

**Dhuunfummaa fi nageenyummaa odeeffannoo daa'ima keessanii**
Odeeffannoon barataa quuqamaa fi icciitawaa dha. Odeeffannoof eegumsa gaarii gochuuf, Manneen Barnootaa Hawaasaa Edimantan *Freedom of Information and Protection of Privacy Act* (FOIP) (Labsii Bilisummaa Odeeffannoo fi Eegumsa Dhuunfummaa) fi muuxannoowwan gaggaarii odeeffannoo fi daataa barataa funaanuu, ol-kaawuu fi eeguuf fayyadan kan hordofudha.

**Deebiiwwan barataa eenyutaa ilaalaa?**
Deebiiwwan barattoonni dhuunfaan deebisan hundi waaltaa kuus-daataa kan hojjettoota Diviizyinichaa lakkoofsaan xiqqaa ta'anii fi bulchiinsaa fi dhuunfummaa daataaf gaafatamummaan irratti gatame ilaaluu danda'an keessatti bifa nageenyi isaa eegameen kan ol-kaawamu ta'a. Odeeffannoon barattoonni kennan iccitiidhaan kan eegame ta'a, jechuunis hojjettoota mana barumsaa, firoota yookaan hawaasa ballaaf kan hin qoodamnedha.

**Yaaddoowwan yookaan gaaffilee maatii**
Maatiin daa'imni isaanii sakatta'insa  kana keessatti akka hirmaatu fedha hin qabne mana barumsaa daa'ima sanaatti beeksisuu qabu. Kunis bilbilaan, haasaa qaamaan godhamuun yookaan barreeffamaan ta'uu danda'a.

**Abdii keenya gara fuulduraa**
Manneen Barnootaa Hawaasaa Edimantan ittisa sanyummaa fi walqixxummaadhaaf kutannoo kan qabudha. Carraan eenyummaa barattootaa caalaatti baruu jijjiirama hiika qabeessa fiduuf tarkaanfii ijoodha. Abdiin keenya sakatta'insa kanaan fuulduree kan barattoonni hundi miirri abbummaa ykn kan kooti jedhu akka itti dhaga'amuu fi milkaa'ana dhandhamatan uumuuf tarkaanfilee gargaaran kan barru akka ta'edha.

Nagaa Wajjin,

Darrel Robertson
To'ataa Olaanoo Manneen Barnootaa

*Odeeffannoon dhuunfaa akkaataa Freedom of Information and Protection of Privacy Act (FOIP) (Labsii Bilisummaa Odeeffannoo fi Eegumsa Dhuunfummaa) kutaa 33(c) fi Labsii Barnootaa jalatti ibsameen naannawa hawwataa, nageenyi isaa eegamee fi kabajni keessatti dagaage barattootaaf, hojjettootaaf fi hawaasa waliigalaaaf uumuu keessatti deeggarsa taasisuuf kan funaanamudha. Gaaffileen Labsii Bilisummaa Odeeffannoo fi Eegumsa Dhuunfummaa (FOIP)'dhaan walqabatan kamiyyuu Brenda Hoang, Division FOIP Office, Technology and Information Management, The Centre for Education, One Kingsway Avenue, Edmonton, Alberta, Kanaadaa dhiyaachuu danda'a. Bilb: +1 780-429-8350.*